Oromiyaa

Lakk. 347

Oduu

Mootummaan yakkamtoota lubbuu nagaa galaafatan seeratti dhiheessuuf hordofa akka jiru ibse

¨Mootummoonni naannoleefi kutaaleen hawaasaa gara garaas gochaa yakkamtootaa balaaleffataniiru

Naannoo Sumaalee godina Dagahabur naannawa Abulee jedhamutti boba'aa barbaaduu irratti kan bobba'an lammiiwwan Itoophiyaa 65fi Chaayinoota 9 irratti ajjeechaa suukaneessaa kan raawwatan humnoota farra nageenyaa, kan harka isaanii akka argatan gochuuf mootummaan hordofaa akka jiru Ministirri Muummee Mallas Zeenaawii ibsan. Gochaa kana mootummoonni naannoleefi kutaaleen hawaasaa gara-garaas ibsa baasuudhaan balaaleffataniiru.

Ministirri Muummee Mallas tibbana ibsa gaazexessootaaf kennaniin gocha kanatti baay'ee akka gaddan ibsanii, humnoonni kunneen kan harka isaanii akka argatan gochuuf mootummaan xiyyeeffannoo kennee hojjechaa jira jedhaniiru. Itti fufuunis, gochaan farreen nageenyaa kun guddina misoomaa biyyi keenya eegalte gonkumaa boodatti deebisuu akka hin dandeenye addeessaniiru.

Haaluma walfakkaatuun mootummoonni naannoleefi kutaaleen hawaasaa adda addaas gochaa kana ibsa baasuudhaan balaaleffataniiru. Akka kanaan waajjirri kaabinee mootummaa naannoo Sumaalee ibsa baaseen gochi kun misooma naannichaa gufachiisuuf jecha humnoota farra nagaafi hirmaannaa Shaabiyaa kallattii ta'een kan raawwatame ta'u ibseera. Haa ta'u malee gochi kun misooma naannichaa akka hin gufachiifne ibsi kun eeree, yakkamtoota kanneen seeratti dhiheessuuf sochii mootummaan Itoophiyaa taasisu cinaa akka dhaabatu ibseera.

Ajjeechaa suukaneessaa lammiilee keenyaafi Chaaynoota nagaa irratti raawwatame kana mootummoonni naannoo Oromiyaa, Amaaraa, Kibbaa akkasumas Gaambeellaa, Beeniishaangul ibsa baasaniin balaaleffataniiru. Gochaa jaleewwan akka bilisa baasaa Ogaadeen, ABOfi kkf Shaabiyaan deeggaramanii misooma keenya irratti gufuu ta'uuf raawwatan kana fashalsiisuuf mootummaa cinaa akka dhaabbatan addeessaniiru.

Kutaaleen hawaasaa adda addaas yaada yeroo adda addaatti kennaniin, Shaabiyaa qarree du'aa irra dhaabatee misooma keenya duubatti deebisuuf wixxifatu kana awwaala isaa ariifachiisuudhaan guddina biyyi keenya eegalte saffisiisuuf qophii ta'uu ibsaniiru.

Farreen ummataa kunneen wayta balaa kana qaqqabsiisanitti ukkaamsanii kan fudhatan Chaaynoota 7fi lammiilee Itoophiyaa 2 gad-lakkisaniiru.

Aanichatti lafti heektaarri 1400 ol jallisiin misoomaa jira

Godina Shawaa lixaa aanaa Tokkee Kuttaayeetti lafti heek. 1475.5 jallisii ammayyaafi aadaatiin misoomaa akka jiru waajjirri jallisii aanichaa beeksise.

Waajjira jallisii aanichaatti bakka bu'aa itti gaafatamaa kan ta'an Ob. Dagguu Tarreessaa gaazeexaa Oromiyaaf akka ibsanitti, jallisii ammayyaafi aadaa kana irratti abbootiin warraa 2538 hirmaachaa jiru. Kana keessaa abbootiin warraa 1430 jallisii aadaa irratti hirmaachaa kan jiran yoo ta'u kanneen hafan jallisii ammayyaatiin misoomsaa jiru.

Hanga baatii Eblaatti gosoota jallisii lamaanii irraa oomishni kuntaalli 140,40.5 akka argame Ob. Dagguun ibsanii, oomishni jallisii irraa argamu hanga baatii Waxabajjiitti waan itti fufuuf callaa kana caalu argachuun akka danda'amu addeessaniiru. Akka aanaa Tokkee Kuttaayeetti projektoonni jallisii gandoota 9f tajaajilaniifi jallisiin aadaa 18 gandoota 11f tajaajilan akka jiran Ob. Dagguun dabalanii addeessaniiru.

Oomishoonni jallisiidhaan misoomanis kudraafi mudraalee adda addaa ta'uu bakka bu'aa itti gaafatamaan kun ibsanii, midhaan biilaafi agadaa illee akka oomishaman himaniiru. Oomishni midhaan biilaafi agadaa bara kana lafa heek. 26 irratti faca'an irraa oomiisha kunt. 262.5 argachuun akka danda'ame dabalanii ibsaniiru.

Bar-dheengaddaa jallisii aadaafi ammayyaa irraa oomishni kuntaalli 204,772 argamuu isaa ibsa kenname irraa hubachuun danda'ameera.

Bara kana dargaggoota kuma 6 oliif carraan hojii uumameera

Godina Wallaggaa Bahaatti bara kana Dargaggoota kuma 6 oliif carraan hojii akka uumameef waajjirri Gurmaa'ina ummataafi hawaasummaa godinichaa ibse.

Waajjirichatti ekispartiin gurmaa'ina hordoffiifi gaareewwan misoomaafi bakka bu'aan karooraafi sagantaa Ob. Tasfaayee Taaddesee akka dubbatanitti dargaggoonni 6934 waldaalee 496 jalatti gurmaa'anii carraa hojii baasii malee, baasii xiqqaafi baasii guddaan carraan hojii akka uumameef Ob. Tasfaayeen dubbatanii, kana keessaas 1956 dubartoota akka ta'an ibsaniiru.

Baasii maleedhaan dargaggoota 3473 waldaa 76tti gurmaa'anii lafa heektaara 1930 fudhachuun oomishaaf qophii irratti kan argaman yeroo ta'u, dargaggoonni 2120 waldaa 192 jalatti carraa hojii baasii xiqqaafi guddaadhaan gurmaa'anii birriin 1,215,110 liqaan kennameefii hojii keessa akka galan ekispertiin kun himaniiru.

Kana malees bara darbe dargaggoonni hojii dhabeeyyiin 8585 ta'an haaluma wal fakkaatuun baasiifi baasii maleen gurmaa'anii bu'aa birrii 3,796,760.80 argataniiru. Kunis kan argame lafa heektaara 3011 irraa oomisha kuntaala 1,700,010.86 argameefi qarshii mil. 3.2 mootummaan akka itti hojjetaniif liqaan kenneefii ittiin hojjetanii bu'aa argamee fi dhagaa baasuun cirracha oomishuu irraayyu.

Akkasumas Saawaa, Re'ootaafi Hoolota horsiisuuf baay'inni isaanii 3789 kan ta'an bitamanii yeroo ammaa ilmooleen 1923 dhalatanii jiru jedhaniiru.

Haaluma wal fakkaatuun godinuma kanaatti weerara busaa ka'uu danda'u ittisuuf saaphanni siree kuma 200 ol aanaalee godinichaa 15f raabsamuu isaa Waajjirri Eegumsa Fayyaa godinichaa ibse.

Waajirichatti ekispertiin Ittisa Bookee busaa Ob. Malaakuu Tasgaraa akka jedhanitti, dhaabbata mit-mootummaa "Carter Center" irraa saaphanni siree 201,000 argameera. Saaphanni siree argame kunis aanaalee godinichaa 17 keessaa aanaalee 15

weerara bookee busaatiin beekamoo ta’aniif garmalee dhukkubichaan miidhamaa turaniif kan kennamu yeroo ta’u kunis abbaa warraa 100,500f kaffaltii malee tolaan raabsama jechuun dubbataniiru.

Gochi shororkeessitummaa misooma keenya hingufachiisu

Mootummaan keenya, mootummaan Itoophaa, ADWUI/Dh.D.U.On ogganamu biyyattii keessatti misooma si'ataa ummanni bal'aan guutummaan irraa fayyadamu mirkaneessuudhaaf imaammata misoomaa sirrii ta'e baasee sochii erga jalqabee waggootii hedduun lakkaa'amaniiru. Mootummaan keenya tarsiimoofi imaammatoota misoomaa sirriifi fiixa ba'insa qabu baasuu cinattis hojiilee misooma guddisaan kanneen biroos karoorsuudhaan biyyattiin biyyoota addunyaa galii giddu galeessa qaban kanneen biroo waliin akka hiriirtuuf kutannoo cimaa qabataee hojjetaa tureera, ammas kutannoon hojjetaa jira. Hojiin misoomaa kutannoofi xiyyeeffannoon deeggarame kun ammoo haala quubsaafi amansiisaa ta'een bu'aa gaarii argisiisaa jira.

Hara, biyya keenya Itoophiyaa keessatti, karaa hundaanuu guddinni misoomaa amansiisaaniifi abdachiisaan argamaa jira. Kana waan ta'eefis waggootii arfan darban kana keessa, waggaa waggaadhaan, guddinni misoomaa ol'aanaan galmaa'uu danda'eera. Jireenyi qonnaan bulaa haala ajaa'ibsiisaa ta'een fooyyaa dhufeera. Karaa induustiriifi daldala alaas haaluma wal fakkaatuun jijjiiramni argama jira. Walumaa gala guddinni misoomaa biyya keenya keessatti mul'ataa jiru tarsiimoofi imaammanni misoomaa mootummaa keenyaan qophaa'e bu'a qabeessaafi guddina biyya keenyaa dhugumayyuu kan si'achiisu ta'uusaa mirkaneessa. Biyyi keenyas haala kanaan itti fufnaan akkuma yaadameefi karoorfame yeroo muraasa booda biyyoota addunyaa galii giddu galeessa qaban waliin tarree galuun ishee kan nama shakkisiisu hin ta'u.

Haa ta'u malee guddinni misoomaa si'annaan mul'ataa jiru kun lammiilee biyyatti misoomicharraa fayyadamoo ta'aniifi deggartoota biyyatti hunda kan gammachiisu yoo ta'eyyuu diinota biyyattii wareen guddinaafi fooyya'insa ishee hin barbaanne garaa gubuun isaa hin oolle. Diinota guddinaafi badhaadhina biyya keenyaa tasumaa hinbarbaanne keessaa inni tokko ammoo mootummaa "Shaabiyaa"Isaayyaasiin ogganamu yemmuu ta'u, jala kaattonni isaa kanneen akka ABOfi kanneen biroonis "Shaabiyaa" wajjin ta'uudhaan misooma biyyattii gufachiisuudhaan guddina jalqabame

boodatti deebisuuf karaa danda'ame hundaan wixxifataa jiru. Yeroo isaanitti tole hunda waan harkaa qaban darbachuudhaan yookiimmoo nama isaanii ajajame darbachiisuudhaan xiyyeeffannoo keenya misoomarraa gara boodaatti deebisuuf yaalii godhu.

Mootummaan "Shaabiyaa" karaa tokkoon ofiisaa humnasaa ol yaaduudhaan sababa tokko malee biyya keenya weeraree yeroo muraasaafis ta'u dirqamne gara waraanaatti akka gallu nu dirqisiisee ture. Yaaliisaa kanaanis abidda ofiisaa qabsiiseen ofiidhumasaa gubatee harkasaa waraanaaf hiixate akka deebifatu taasifameera. "Shaabiyaan" waraana ofiisaa jalqabe kanaan dugugguruun isaa rukutamee, hawaasa addunyaa nagaa barbaadu irraas adda ba'ee akka jibbamu kan taasifame yoo ta'eyyuu gocha raawwate kanarraa barumsa argatee of qusachuu hin dandeenye. Guddinni misooma dinagdee Itoophiyaan yeroorraa gara yerootti galmeessaa deemtu quuqqaa waan itti ta'eef, "Shaabiyaan" caalmaattiyyuu gocha shororkeessitummaa keessa galuudhaan gocha suukanneessaa biyyaafi lammiilee keenyarratti raawwachuu eegale.

Shaabiyaan kanaan dura humnoota dhaadhessitootaa wajjin ta'uudhaan, namoota addaddaa fo'atee, gurmeessee gara biyya keenyaatti galchuudhaa, hanga inni yaade ta'uu baatus, qabeenyi akka barbadaa'u, lubbuun lammiilee nagaa akka dhabamu taasiseera. Humna loltootaa gurmeesseefi hidhachisee karaa kaabaafi kibbaa gara biyya keenyaatti lo'anii akka galaniif haala mijeessuudhaan, maallaqa miliyoonaan lakkaa'amu ramaduudhaan biyya keenya keessatti gooliifi jeequmsa uumuuf yaalii cimaa godhaa tureera. Humna dhaadhessitoota Somaalee leenjii loltummaafi meeshaa waraanaatiin gargaaruu dhaan biyya keenyarratti waraana Jihaadaa akka labsan. lo'anii galanii biyya keenya akka jeeqaniif karaa danda'e hundaan hojjetaa turuussarryyuu, loltoota isaa karaa Somaalee erguudhaan misooma keenyarratti humna guutuun duuleera.

Keessumaa Adda Bilisummaa Oromoo /ABO/ jedhee of-moggaasuudhaan maqaa ummata Oromootiin daldalaa kan jiru jaarmiyaan ergamaa shaabiyaa ta'e kun misooma keenya, misooma ummanni Oromoo guutummaan irraa fayyadamu, yoo danda'ame barbaadeessuuf, yoo dadhabame ammoo gufachiisuuf dhaadhessitootaa wajjin qubaafi

qubeelaa ta’ee akka hojjetu ergama itti kennee bobbaasaa tureera, ammas bobbaasuurratti argama.

Shaabiyaan kana hundumaa kan godhu sababa lama qofaadhaaf ta’uun isaa hubatamuu qaba. 1ffaa akkuma irra deddeebi’amee himamaa ture misooma keenya duubatti deebisuudhaan guddina dinagdee jalqabne gufachiisuufi. 2ffaa yeroo ammaa kana Ertiraa keessa, sababa hiyyummaa, dhabiinsa demokraasiifi bulchiinsa gaariitiin kan ka’e rakkoo hawaasa keessa jiru waan beekauuf xiyyeeffannoo ummataa dogoggorsuudhaan ummanni Ertiraa dhimma mataa isaarra gara bakkee akka yaadu taasisuufi. Kana fiixa baafachuufis yeroo ammaa gocha shororkeessitummaa keessa ifaan galuudhaan xiyyeeffannoon hojjetaa jira. Tibbana balaan lubbuu lammiilee keenya 65fi Chaaynoota 9 galaafates kutaadhuma gocha shororkeessitummaa Shaabiyaa kanaati.

Haa ta’uuti nuyi diinni guddaan, inni keenya inni hangaftiifi olaanaan hiyyummaa ta’uu hubannee jalqaba isa dhabamsiisuuf kutannoon kanneera. Kutannoon keenyas bu’aa abdachiisaa galmeessaa jira. Kanaafuu har’as harka tokkoon misooma eegalle itti fufaa harka biraatiin gocha shororkeessitummaa shaabiyaan nurratti aggaamu qolchuuf wal taanee ka’uu qabna. Nuyi hiyyumaa keessaa baanaan shaabiyaan gochaa farrummaa isaa qabatee du’aa isaaf hin hafne du’uunsaa shakkisiisa miti. Shaabiyaan yeroo du’u ammoo ergamtoonnisaa warreen akka ABO ofiisaanii du’uun dirqama itti ta’a. Kanaafuu, gocha shororkeessitootaatiin misoomni keenya akka hin gufanneef toora eegallera kutannoon fuulduratti haa tarkaanfannu.

Ijoo Dubbii

Duulli hiyyummaarratti labsame gonkumaa gocha shororkeessitootaan hin gufatu

Biyyi keenyaa yeroo amma kanaatti ajandaan qabattee adda dureen itti socho'aa jirtu nageenya, misoomaafi demokraasii dhugoomsuudha. Dhimmi kun dhimma mootummaa qofa utuu hin taanee kan ummata biyyaatti keessatti argamu hundatti. Mootummaan dhimmoota kanaaf xiyyeeffannoo ol'aanaa laate hojiirra olchuudhaaf socho'u isaatiif ammoo hawaasnii addunyaa maraa deggarsaa ol'aanaa laachuufirratti argama.

Yaa ta'u malee akkuma mammaaksa Oromoo keessatti "Adaamiin ollaa agamsaa..." jedhamu san ta'ee mootummaan Shaabiyaa adeemsa kana gufachiisuudhaaf dabni inni hin raawwanne hin jiru. Kanaan duraa weerarri inni biyya keenyaarratti raawwatee ture maqaan daangaa yaa ta'u malee kaayoon isaa fedhii maxxantummaa isaa humnaan biyya keenyarratti fe'uu ture. Kun gonkumaa akka hin danda'amne qabatamaan salphatee akka deebi'u ta'eera.

Mootummaan kun yeroodhaa gara yerootti halli dinagdee biyya isaa sadarkaa hammaataarra ga'uu isaaniitiiniifi gaaffii ummata bira dhiyyaatuuf deebii quubsaa laachuuf dadhabuu isaatiin hojii shororkeessummaarratti bobba'ee argama. Hojii shororkeessummaa isaa kanaanis gaanfaa Afriikaa jeequudhaaf yoo ta'eyyuu xiyyeeffannoon isaa inni jalqaba biyya keenya. Kana fiixaan baaffachuudhaaf ammoo humnoota biyya keenyaa gocha shororkeessummaan hojii keenya jedhaanii qabatan gurmeessuudhaan, hidhachiisee bobbaasuudhaan, ummata nagaarratti miidhaa geessisuu akka hojii isaa hangaffaatti qabatee itti fufee jira.

Mootummaan shoroorkeessaan kun ABO hojii farrummaa isaatiin ummata Oromoo keessaa tufamee ba'eef da'oo laachuudhaan yeroo gara garaa humnoota gochaa hammaataa ta'e kana raawwatan leenjiseefi hidhachiisee gara biyya keessaa galuuf yaaliin taasisaa ture yaalii bira darbee bu'aa adda argamsisuuf hin dandeenye. Hojii shoroorkeessummaa isaa kanaan daran itti fufuudhaan nageenyaa biyyaa keenyaa

hawaasa addunyaa biratti gaaffii keessa galchuudhaaf yeroo darbe lamiiwwan keenyaafi biyyaa ollaa ukkaamsee fudhate. Gama kanaanis caalmaatti eenyummaan shoroorkeessummaa isaa ummata addunyaa biratti ifa ba’e malee bu’aan argamsiiseef hin jiru.

Huminnoonni yeroo ammaa kana sadarkaa addunyaatti shoroorkeessummaan beekaman naannoo gaanfa Afriikaatti mootummaan deggarsa ol’aanaa irraa argachaa jiran mootummaa Shaabiyaatti. Mootummaan kun biyya isaa keessatti ummata wanta afaanitti jedhatu dhabee mankaraaramu gara cinaatii dhiisee humnoota shoroorkessitoota Somaaliyaa jeeqaa turaaniif garuu qabeenyaa guddaa dhaangalaasee leenjisaafi hidhachiisaa ture. Bu’aan kanaa ammoo naannoo Somaalee keessatti dhumaattii gara jabinaan lamiiwwan nagaarra ga’e kanadha.

Mootummaan kunis ta’e humnoonni gantummaadhaan jala isaatti hiriiranii argaman wanti hubachuu qabaan, ijaarsi misoomaafi demokraasii biyya keenya keessatti egalamee kan bodatti hin deebinee ta’u isaatti. Mootummaaniif ummaan keenyaa nageenya biyyaa eeguudhaan, humna kanatti dhufu kamiyyuu qolachuudhaan gudinarratti gudina mirkaneessaa duulli hiyyummaa irratti labsame fiixa ba’a.

Aaga badhaadhinaa

Cehumsa Teknoloojii qonnaa

Mata duree kanaan maxxansa darbe irratti cehumsa teknoloojii qonnaa jechuun maal akka ta’e ibsinee turre. Teknoloojiin qonnaa guddina callaatiif murteessaa waan ta’eef, teknoloojii kana qonnaan bulaa keenna waliin walbarsiisuun yeroo ammaa kanatti dhimma murteessaa ta’aa dhufeera. Cehumsa teknoloojii qonnaa jechuun, gabaabumatti, teknoloojii gonnaa guddina callaa dabalu waliin qonnaan bulaan akka wal baru taasisuu jechuudha.

Maxxansa dare irratti kan isin dubbisiifne, gosa teknoloojii kanaati.Gosti inni tokko, kan omisheesitummaa lafaa dabalu. Gosti inni lamaffaan kan omisheesitummaa lafaa dabalu. Gosti inni lamaffaan kan omisheesitummaa humna namaa dabalu. Gosti sadaffaan gosoota lamaan gubbaarratti eeraman walitti makuudhaan kan itti fayyadamaniidha. Gosoota teknoloojii sadan keessaa biyya keennaaf isa kamtu fayyada, waan jedhu maxxansa kanaan akka ilaallu beellamnee turre.

Seenaa guddina omisheesitummaa callaa qonnaa keessatti filannooleen teknoloojii lachanuu, jechuunis, kan omisheesitummaa lafaa dabalus ta’ee, kan omisheesitummaa humnaa namaa dabalu hojii irra olanii bu’aa agarsiisaniiru. Fakkeennaaf, teknoloojiin omisheesitummaa lafaa dabalu bakka dhiphinni lafaa jirutti hojii irra ooleera. Biyyoota akka Jaappan, Chaaynaafi kooriyatti. Ummanni baayyina qaba, lafti garuu dhiphoodha. Kanaaf teknoloojii lafa dhiphoo irratti omisheesitummaa callaa guddisu filachuun dirqama ta’eera.

Teknolojiin humna namaa qusatu, omisheesitummaa humna namaa dabala jechuudha. Namni qotiyyoon heektara lama qoftii qotuu danda’uu, tiraakteraan heektara 200 qotuu danda’a. Teknoloojiin kun biyyoota aakka ameerikaa lafa bal’oo qaban biratti hojii irra oolee omisheesitummaa callaa qonnaa guddiseera. kanaaf, filannoleen teknoloojii lachanuu hojii irra ooleera jedhama.

Teknoloojiin biyya keennaaf fayyadu isa kam? waan jedhutti mee haa deebinu. Teknoloojii gosa lamanii keessaa kana nuti filannu, haala biyya keennaa irraa ka'uudhaan ta'a.

Garri caalaan biyya keennaa humna namaa bal'aa, lafaa fi kappitaala muraasa qaba. Eddoowwan muraasni ammoo, humna namaa xinnaafi lafaa bal'oo qabu. Haalawwan kanniin yaada keessa galchuun guddina teknoloojii qonnaa keennaaf qixa kaayuun barbaachisaa ta'a.

Naannoo baayyinni ummataa jiruufi laftii dhiphinna qabdutti teknoloojii omisheesitummaa lafaa dabalutti gargaaramutu nurra jiraata. Jallisii kunuunsa biyyeefi bishaanii, hojii irra olchuu qabna. Kana cinatti meeshaalee qonnaa fooyya'on gargaaramuu qabna. Sanyiin filatamaafi xaa'onis kanniin waliin hojirra ooluu qaba.

Eddoowwan bal'inni lafaa jiru kan garuu humni namaa muraasa (xinnaa) ta'etti, teknoloojii humna namaa qusatu kan akka tiraakteeratti gargaaramuu barbaachisa. Kanaafuu, biyya keennatti teknoloojii gosa lachanuu walitti makuun akka itti gargaaramnu haalli biyya keennaa nu dirqisiisa waan ta'eef, haala asii olitti kaanfne bu'uura godhuchuun teknoloojii omishaa fi omisheesitummaa Naannoo keennaa guddisu qonnan bulaa keenna biraan ga'uun barbaachisa ta'a. Naggatti!

Kaleessa Loltuu, har’aa qonnaan bulaa adda duree

Shantamaala Taklamaariyaam Asfaawu, godina Shawaa dhihaa, aanaa Tokee kuttaayee, ganda qonnaan bulaa Imalaadaawwee Ajoo keessa jiraatu. Gara hojii loltummatti kan seenaan bara 1958 ture. Dargiin kufuudhaaf waggaan tokko woyta hafuu loltummaa keessaa sooramaan bayan. Wayita loltummaan turanitti ogummaa makaanikummaafi konkolaachistummaatiin yeroo dheeraa kan hojjatan ta’uu isaanii dubbatu. Konkolaachisaa ta’anii biyya keenna keessa naanna’aniiru. Lalistummaa lafaa, bishaan, qilleensa gaarii daawwataniiru. Daawwannan kun mul’ata gaarii isaan keessatti kan uume ta’uu ibsu. woyta soorama ba’an magaalaa taa’uu utuu hin taane, baadiyaa galuun hojii qonnaa irratti bobba’uun faaydaa caalu akka qabu tilmaamuun yaadaan yeroo eeggachaa turan.

Loltummaan gara waggaa 24 tajaajila erga keennaniin booda, sababa konkolaataadhaan qaama isaanii irra miidhaan dhaqqabe.Sababa kanaan boordiin bara 1982 keessaa soorama akka ba’an murteesse. Soorama ba’anii, boqonna fudhachaa utuu jiran bara 1983 mootummaan dargii kufe. Kufaatii dargii booda haalli nageennaa amansiisaa woyta ta’uu, bara 1988 ganda amma keessa jiraachaa jiran (bakka dur itti guddatan) deemuudhaan lafa kireeffatanii qonnatti seenaan.

Jalqaba shonkooraafi baargamoo dhaaban. Baargamoon guddattee faaydaa kennuu kan eegaltu yeroo dheeraa keessatti. Gandi shantamaalli Taklamaariyaam keessa jiraatan garuu kan bishaan bonaafi ganna keessa dhangal’u. Waggaa keessa yeroo sadii bakka irraa omishuun danda’amu. Kana waan hubataniif baargamoo dhaaban balleessanii, gosoota muduraalee nyaataaf oolan, kan akka maangoo, paappayaa, muuza, zeeytunaa, abukaadoo Burtukaanaa, Bunaa kkf misoomsu itti fufan. Haaluma walfakkaata ta’een, kuduraalee addaddaa kan akka timaatimaa, shunkurtaafi dinnichaa misoomsuu jalqaban. Kanaan qofa hin dhaabbanne, gama horsiisa horiitiinis, sanyii horii aananii fooyya’aa horsisaa jiru. Lukkuu sanyiin fooyya’es kanuma cinatti horsisaaru. Gaagura kinnisaallee gara jahaa ni qabu. Gaagura ammayyaa fi kan cehumsa.

Shantamaala Taklamaariyaam hojiiwwan misooma gosa gosaa kana kan hojjatan lafa hektaara tokko hincaalle irratti. Lafa kana caalu hinqaban. Lafa kan biraa warra ollaa

isaanii jiru irraa qixxeedhaan fuudhatanii nyaata horii gosa addaddaa irratti akka misoomsaa jiran dubbatu.

Yeroo ammaa kana sanyii filatamaa addaddaa baayyisuu keessa galaniiru. Qorannoo qonnaa Hoolota jiruufi kolleejjii qonnaa Amboo waliin walqunamtii gaarii kan qaban ta'uu isaanii dubbatu. Walqunnamtii kanarraa kanka'ee sanyii baayyisuu keessatti akka hirmaatan deeggarsi kennameefii, sanyii dinnichaa, shunkurtaa fi shinbiraa baayyisuu eegalaniiru.

Sochii waliigala taasisaa jiran kanaan waggaa keessatti galii birrii kuma 25-30 kan argatan ta'uu isaanii kan ibsan shantamaala Taklamaariyaam, gara fuulduraa hormaata Qurxummitis jalqabuuf yaada akka qaban ibsaniiru. Shantamaalli kun hojii qonnaa kanaan maatii sagal qaban haala gaariin horataa jiru. Kana bira darbanii namoota biroofillee carraa hojii uumaniiru. Guyya - guyyaan namootiin 4-5 kafaltii guyyatti birrii sagal- sagal argachaa hojjatu. Namootiin isaan bira hojjachaa turanii of danda'uudhaan ba'anis turaniiru.

Walumaagala, shantamaala Taklamaariyaam mul'ata gaarii irraa ka'uun hojii qonnaa keessa galaniiru. Karoorri baafatan akka milka'uuf, ogeessota qonnaa, qorannoo qonnaafi kolleejjii qonnaa waliin walqunnamti gaarii uumaniiru. Teknoloojiiwwan qonnaa haarawa waliin walbaraniiru. Teeknoloojiiwwan kanaan gargaaramaa waan hojjataniif omishaafi omisheesitummaa isaanii guddisanii jiruufi jireenya isaanii fooyyessaniiru. Qonnaan bultoota Naannoo isaanii jiraniifis fakkeenna ta'aniiru. Fakkeennummaa isaanii kanaan aanicharraa filatamanii sadarkaa mootummaa Naannoo Oromiyatti badhaafamaniiru. Misoomaan adda duree ta'anii badhaafamuu caalaa maaltu nama boonsa!